ADDA BILISUMMAA OROMOO OROMO LIBERATION FRONT

WOLIGAHII GUMII SABAA 1FFAA BARA 2019 ILAALICHISEE IBSA EJJANNOO ADDA BILISUMMAA OROMOO IRRAA KENNAME.

Addi Bilisummaa Oromoo (ABOn) kora Sabaa 4ffaa Sodaree, Oromiyaatti godhatetti aansee, woligahii Gumii Sabaa guyyoota lamaaf kan ture, Hagayya 24 fi 25, 2019, mata duree "**ABOn tokko malee lama miti**" jedhuun magaalaa Adaamaatti kurfeeffate. Woligahii kana irratti miseensotni Gumii Sabaa raawwii kora sabaa 4ffaa gamaagamuun, dogoggora mul'dhatee ture sireessee akka hojiirra oolu murteesseera. Imaammata ABO, haala siyaasa Oromoo fi Itoophiyaa, akkasumas haala gaanfa Afrikaa fi addunyaa, xinxalee karoora hojii kan yeeroo dheeraa fi gabaabaa irratti erga mari'atee booda ibsa ejjannoo qabxiilee armaan gadii qabu baasuun woligahii isaa xumurateera.

1. Mirgi hiree murteeffanna Oromoo akka hojiirra oolu ciminaan qabsoofna.
2. Saamicha lafa Oromoo naannawa Finfinnee fi bakka adda-addaa bifa adda-addaatiin godhamaa jiru cimsinee balaalleffanna. Qonnaan bultoota Oromoo sababa kanaan qe'ee isaanii irraa buqqa'an, gara qe'ee isaanitti akka deebi'an, akkasumas beenyaa gahaa akka argatan irratti ni hojjanna.
3. Akkasumas, sababa walitti bu'iinsa daangaatiin, Oromoota qe'ee fi qabeenya isaanii irraa buqqifaman, qe'ee fi qabeenya isaanitt akka deebi'an irratti hojjanna.
4. Imaammata barnootaa kan fedhii fi dantaa saba Oromoo hinfeene; kan dhaloota jaamsuu irratti xiyeeffate; marii Oromoo malee boortan saba Oromoo irratti fe'amuuf kan qopha'e, akka hojirra hin oolle cimsinee dura dhaabbanna.
5. Oromoon qabeenya isaa irratti abboomuu fi guddina diinagdee biyya isaa keessatti baldhinnaan akka hirmaatuu fi akka qabeenyaan aangomu cimnnaan irratti dalagna.
6. Hoofkarri godinoota Lixaa fi Kibba Oromiyaa keessatti godhamu seeraan ala waan ta'eef saffisaan akka dhaabatu hubachiisaa, humnootni badii kana keessaa qooda qaban akka harka isaanii keessaa dachaafatan gaafanna.
7. ABOn filannoo bara 2020 keessa geggeeffamuuf deemuu keessatti hirmaachuuf fedhii guutu qaba; qophiis godhaa jira.
8. Murnootaa, jijjiirama wareega qaaliin dhufe danquu fi aangoo humnaan qabatanii sirna dulloomaa deebisuuf abjootan, cimsinee dura dhaabbanna.

9. Murnootaa siyaasaa fi farreen adda-addaa olola jibbansaa Oromoo irratti gaggeessaa jiran cimsinee balaaleffanna. Kana ittisuuf, mootummaan olaantummaa seeraa akka kabachiisu gaafachaa, ABOn deggersa barbaachisu gochuuf yomiiyyuu caalaa qophii ta'u isaa hubachiisuu barbaanna.
10. Qabsaawotni gameeyyiini, miseensotnii fi deeggartootni ABO ganamaa dhaaba keessanitti deebitanii akkuma duraaniitti qooda keessan akka baatan yaamicha goona.
11. Qeerroo fi qarreen, akkasumas kaneen qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti miidhaman hundi akka gargaarsa barbaachisu (rehabilitation) argatani irratti ni hojjanna; qaamota dhimmichi ilaalu waliinis hojjechuun furmaata gahaa akka argatu goona.

Dhuma irratti, ABOn jaarmayoota siyaasaa biraa kan qabsoo nagayaatti amanan, kanneen dantaa Oromootiif hojjatanii fi kaayyoo wal fakkaatan qabnu waliin hojjechuuf fedhii guutuu akka qabu irra deebiin ibsaa, injifannoo fi jijjiirama wareega qaaliin argame, tindhifnee hanga uumanni Oromoo miraga isaa deebisee guutumaan gonfatutti qabsoo ABOn godhaa jiru cina dhaabachuun akkuma asiin duraa deggersaa fi tumsa barbaachisu akka gootan hubachiifna.

Injiffatnoon Ummata Oromoof!

Adda Bilisummaa Oromoo

Adaamaa, Oromiyaa

Hagayya 25, 2019